homes victoria

50 Lonsdale Street,
Melbourne Victoria 3000
GPO Box 4057, Melbourne Victoria 3001
DX 210081

**OFFICIAL**

Jiraataa
200 Dorcas Street
SOUTH MELBOURNE

Kabajamoo jiraatoo

Adeemsa Ijaarsa ManneenJireenyaa Gurguddaa Hooms Viktooriyaa fi sagantaa irra deebiin misoomsuu manneen olka'oo irratti odeeffannoo kennuuf isiniif barreessaa jirra.

Sadarkaan itti aanu bakkoota 7 irratti adeemaa jira. Kana jechuun jiraattota ammaa fi gara fuula duraa naannoo magaalaa 9 keessatti mana fooyya'aa, nageenya qabuu fi mijataa ta'etti tarkaanfachiisaa jirra jechuudha. **Beeksifni har'aa gamoo yookiin mana keessan irratti dhiibbaa hin qabaatu.**

## Har'a maaltu labsame?

Har'a, waa'ee gamoowwan kanneen deebisanii ijaaruu irratti jiraattota waliin haasofne:

- 25 fi 27 Kiing Stiriit, Piraan
- 150 Inkerman Stiriit, Sent Kildaa
- 150 Viktooriyaa Aveenuu, Albert Paark
- 159 Melrooz Stirrit, Noorz Melboorn
- 29 Kraawun Stiriit, Flemingtan
- 94 Ormoond Stiriit, Kensingtan

**Adoolessa 2026 irraa eegalee hanga Guraandhala 2028tti**, miseensota maatii as keessa jiraatan gara mana mijataatti dabarsuuf walitti dhiheenyaan hojjechuu ni eegalla, manneen caalaa fooyya'aa ta'anis ni dhiheessina.

## Manneen haaraa naannoo keenyatti ijaaraa jirra

Filannoo qubsuma jiraattota kanaa deeggaruuf manneen jireenyaa haaraan naannoo sanatti hojjetamaa jiru. Kanneen bara kana keessa xumuraman yoo ta'u kanneen armaan gadii dabalatu:

- Esseks Stiriit, Piraan
- Saymens Stiriit, Saawuz Yaaraa
- Baraak Beeken, Poort Melboorn
- Hooland Koort, Flemingtan

Manneen kunneen salphaatti kan ho'ani fi qabbanaa'an, namoota fedhii sochii qabaniif mijataa fi dhaqqabummaa geejjibaa uummataa salphaatti kan kennudha. Akkasumas haala nageenyaa, ifaa fi afarsituu, barandaa fi mana miiccaa dhuunfaa qabaachuu mirkaneessaniiru.

## Ollaa keessanitti

Gamoon keessan qaama hojii deebisanii misoomsuu itti aanee dhufaa jiruu miti. Hanga Amajjii 2028tti homaa gochuu hin qabdan, yeroo barbaachisetti waan jiru isin beeksisna.

Gama biraatiin ammoo mootummoonni Koomanwelzii fi Viktooriyaa karaa Ijaarsa Gamoo Gurguddaa fi Fandiin Fuulduraa Mana Jireenyaa Awustiraaliyaa waliin ta'uun manneen hawaasummaa haaraa 131 naannoo keessan jiran qaqqabsiisuuf hojjechaa jiru. Kun tarkaanfii jalqabaa naannoo Saawuz Melboorn haaromsuu yoo ta'u, mul'anni isaas naannoo nageenya qabu, dizaayinii gaarii qabuu fi walitti hidhamiinsa gaarii qabu keessatti manneen qulqullina qaban dhiyeessuudha.

## Bakkoota biraatti maaltu ta'a jira?

**Elgin fi Nikolsan Stiriit kan Kaarlton keessatti,** karoorri manneen haaraa yaada jiraattotaatiin qajeelfameera. Bara 2028 keessa manneen haaraa 248 qaqqabsisuuf hojiin diiginsaa deemaa jira.

Deebisanii qubsiisuun **Flemingtan fi Kaaba Melboorn keessatti xumuramaa jira.** Diiginsa jalqabuuf qophaa'aa jirra, sadarkaan itti aanu immoo dizaayinii mana haaraa fi dhaabbilee hawaasaa irratti yaada jiraattota affeeruudha.

**Kibba Yaaraa fi Richmand** keessatti miseensotanni maatii baay'een gara mana ollaa isaanii jirutti godaananii jiru. Miseensonni maatii 85% ol kan tahan dursa'anii godaananii jiru, yookiis sochii godaansaarra jiru, akkasumas kanneen hafan hunduu hanga Guraandhala 2026tti godaansa xumuruuf adeemsa irra jiru.

## Odeeffannoo haaraa fi walitti hidhamiinsa qabaadhaa

Odeeffannoo waa'ee adeemsa deebisanii misoomsuu, afaan keessaniin dabalatee argachuuf, homes.vic.gov.au daawwachuu dandeessu. Yeroo hunda odeeffannoo haaraa fi akeekkachiisa argachuuf galmaa'uudhaan nu waliin turuu dandeessu.

Kabajaa wajjin

**Simon Newport**
Hojii Gaggeessaa Olaanaa
Hooms Viktooriyaa

28/01/2026